# Qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu (Regional anaesthesia) dahumsa siizeeriyaaniif

## Qoricha dhukkubbii hanbisu kan lafee dugdaa fi epidural

### Qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu (Regional anaesthesia) maali?

Qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu qoricha dhukkubbii kutaa qaama murtaa'e ta'e keessatti dhukkubbiin akka isinitti hin dhagayamne dhorku jechuu.

Yeroo dahumsaaf garaa baqaqsan (siizeeriyaanii), osoo si hin raffisin (of beektu) akka dhukkubbiin sitti hin dhagayamne tajaajila. Kunis qoricha waliigalaa qaamaa dhukkubbii hanbisu (general anaesthetic) kan akka raftu si taasisu irraa adda.

Qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu karaa 2n kennamuu danda'a:

- Marfee takkatti (injection) lafee dugda kee gidduutti waraanuun – kun spinal anaesthetic (dhukkubbii hanbisa karaa lafee dugdaatiin)
- Karaa ujummoo pilaastikii xiqqaa dugda kee keessa kaa'ama – kuni epidural anaesthetic (dhukkubbii hanbisa karaa eppijuraali) jedhama.

Gosoonni lamaan ergaan dhukkubbii narvii keessan keessatti dhufu dhoorgu.

Qomaa gaditti si hadoocha kanaaf miila kee sochoosuu hin dandeettu.

Qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu (regional anesthetic) mala baay'inaan dahumsa garaa baqaqsanii deessissuf (siizeeriyaanii) itti fayyadamamuudha .

### Faayidaan isaa maali?

Qoricha dhukkubbii waliigalaa qaama hanbisu (general anaesthetic) wajjin wal bira qabamee yoo ilaalamu, qoricha naannoo dhukkubbii hanbisu :

- Yeroo baay'ee rakkoo irra xiqqaa fida
- Yeroo daa'imni kee dhalatu akka ati dammaquu dandeettu taasisa
- Siizeeriyaanii booda sa'aatii hedduudhaaf dhukkubbii ni hir'isa; morfiiniin yoo itti dabalame dhukkubbii hanga sa'aatii 24 hir'isuun danda'a
- Gaflaa/mugaatiin akka sitti hin guddanne godha (groggy)
- Daa'ima kee erga dhalatee booda daftee akka qabattee nyaachiftu si gargaara
- Yeroo baay'ee abbaan warraa ykn namni deeggarsa siif godhu si waliin akka ta'u kan hayyamu yoo ta'u, qoricha dhukkubbii hanbisu kan qaama waliigalaa irratti immoo kuni hin danda'amu.

### Miidhaan inni fidu maali?

Qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu (regional anaesthetic):

- yeroo opporeeshiniin godhamu garaa kee keessatti sochiin, harkifamuu fi dhiibbaan tokko tokko sitti dhaga'amuu danda'a, garuu dhukkubbiin tokkollee sitti hin dhaga'amu
- erga lilmoo waraanamte booda sa'aatii 2 hanga 4tti milli kee sitti hin dhaga'amuu ykn sochoosuu hin dandeessu.

Qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu (regional anaesthetic) miidhaa ykn balaa biroo fiduu danda'a. Erga qoricha qaama dhukkubbii hanbisu fudhattee booda mallattoolee armaan gaditti tarreeffaman keessaa tokko yoo qabaatte ykn waa'ee fayyaa keetii yaaddoo yoo qabaatte, ogeessa qoricha dhukkubbii hanbisu (anaesthetist) ykn deessiftuu (midwife) kee waliin haasa'i.

Miidhaaleen beekamaan kanneen akka:

- Dhiibbaan dhiigaa gadi bu'uu. Kunis lafa siin marsiisa, mataa raasuu ykn si lolloojjessa. Mallattoolee kuni kan muldhatan namoota gama spinal (lafee dugdaatiin) fudhatan 2 keessaa 1 yoo ta'u, namoota epidural fudhatan 20 keessaa 1 irratti.
- Qaamni hollatuun (hollachuun) fi qaamni hooqsisuun namoota 20 keessaa 1 irratti muldhata.

- Epiduraliidhaaff, namoota 8 hanga 10 keessaa 1 Qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu (regional anaesthetic) kan dabalataatu barbaachisa ykn tuubboon dugda isaanii keessa jiru akka irra deebi’amee ilaalamu ykn kan biraa akka bakka buufamuu barbaachisa.

Mataa dhukkubbiin baay’ee kan hin mul’anne yoo ta’u, namoota epidural godhatan 100 keessaa 1tu qabaata yoo ta’u namoota gara spinal lafee dugdaatiin fudhatan 200 keessaa 1 mataan dhukkuba.

Rakkoowwan baay’ee hin mul’anne kanneen akka:

- Miidhaa narvii (akka hadooddii miila ykn laafinsa miilaa), infekshinii lafee dugdaa ykn meningitis, fi qoricha dhukkubbii hanbisu osoo hin eegamne babal’achuu (yoo hammi guddaan ujummoo lafee dugdaa keessa seene).

Miidhaan cimaan ykn laamsha’uun garmalee xiqqaadha.

## Akkamitti kennama?

Ogeessi qoricha qaama dhukkubbii hanbisuu (anaesthetist) qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu (regional anesthetic) siif kenna.

Ujummoon pilaastikii xiqqaan (kaanuulaa) hidda dhiigaa kan harka kee keessa jiru keessa ni galfama, achi booda dhangala’aan akka sitti cubu (suuta dhangala’u) taasifama. Dhiibbaan dhiigaa fi dha’annaan onnee keessanii ni hordofama.

Akka haala sirriitti teettuuf/ciiistuuf, qarqaarsi siif godhama, kunis ol taa’uu ykn cinaacha keetiin ciistee akka daa’ima keetifis mijaahutti tajaajilamta.

Dugda kee gadii farra jarmiitiin (antiseptic solution) ni qulqullaa’a.

Ogeessi qoricha dhukkubbii hanbisu (anaesthetist) lafee dugda kee keessa jiru tuquudhaan ni laala. Qoricha qaama dhukkubbii hanbisu qaama kee keessaa iddoo tokko waraananii akka haduuchu godhu.

Yeroo lilmoon seenu dugda kee keessatti miira dhiibuuttu sitti dhaga’ama. Tasgabbaa’anii taa’uun adeemsi kun akka gaariitti akka deemu fi carraa miidhaa hir’isuuf gargaara.

- Epiduraliidhaaf, ujummoon pilaastikii xiqqaan dugda kee keessa ni galfama. Kuni immoo qorichi dhukkubbii hanbisu dabalaan yoo barbaachise akka siif kennamu taasisa.
- Kan lafee dugdaatiif , Qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu (regional anesthetic) dooziin takkittiin lilmoodhaan ni kennama. Hamma daa’ima kee deettuuf ni dalaga.

Lilmeen ni baafama, yeroo saniif dugdaan si ciisisu, xiqqoo gara bitaatte dabdee.

Qorichi dhukkubbii hanbisu kun daqiiqaa 5 fi 20 keessatti hojjechuu ni jalqaba. Opporeeshiniin duratti, ogeessi qoricha haduuchuu akka qaamni si hadoode addaan baafachuuf ice pack (cabbii) fayyadamuun si laala.

Ogeessi qoricha dhukkubbii hanbisu hanga danda’ametti akka siif mijataa ta’e mirkaneessuuf yeroo opporeeshinii guutuu si bira tura.

## Filannoon qoricha dhukkubbii hanbisu  kan biroo maaltu jira?

Yeroo dahumsaa dhukkubbii hir’isuuf epidural yoo fudhattan, karaa ujummoo (kaateetara) epiduralaaliitiin qoricha dhukkubbii hanbisu fudhachuu dandeessu.

Kunis sadarkaa dhukkubbii hir’isuu kan qoricha lafee dugdaatiin kennamuun walfakkaate kenna. Odeeffannoo dabalataaf, waraqaa odeeffannoo Dhukkubbii Ciniinsuu Hirdhisuudhaaf Eppijuuraalii (Epidural) jedhu dubbisi.

Filannoon biraa qoricha qaama guutuu dhukkubbii hanbisu yoo ta’u, kana jechuun yeroo daa’imni kee dhalatu ni rafta jechuudha. Yoo qoricha qaama guutuu dhukkubbii hanbisu(general anaesthetic) filatte, hiriyaan kee ykn namni deeggarsa kee kutaa opporeeshinii keessa seenuu hin danda’u, daa’imni kee sababa qoricha dhukkubbii hanbisu irraa kan ka’e hirriba qabaachuu dandaya.

## Odeeffannoo dabalataaf

Ogeessa qoricha dhukkubbii hanbisuu (anaesthetist) waa'ee qorichi dhukkubbii naannoo hanbisu yookiin guyyaa opporeeshinii keetiittii filannoowwan qabdu kam akka tahe gaafachuu dandeetta.

Guyyaa opporeeshinii duratti gaaffii gaafachuu ykn filannoowwan kee irratti mari'achuu yoo barbaadde, ogeessa dahumsaa (obstetrician) ykn deessiftuu (midwife) kee beeksisi. Ogeessa qoricha dhukkubbii hanbisu waliin akka dubbattu haala mijeessuu danda'u.

**Acute Pain Service (Tajaajila Dhukkubbii Cimaa), The Royal Women's Hospital**

Wiixata (Isniina) hanga Jimaataatti ganama sa'aatii 8 hanga galgala sa'aatii 4tti
T: (03) 8345 2389

## Turjumaana si barbaachisa?

Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

**1800 Respect National Helpline (1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja)**

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa.
Guyyaa yookiin halkan sa'aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa.
1800 737 732 1800respect.org.au

**Hubachiisa:** Waraqaan kun odeeffannoo waliigalaa qofa dhiyeessa. Waa'ee fedhii kunuunsa fayyaa keessanii ykn daa'ima keessanii gorsa addaa argachuuf, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa argachuu qabdu. Hospitaalli Royal Women's Hospital ogeessa fayyaa arguu dhiisanii waraqaa odeeffannoo kana irratti hirkatanii jiraachuu keessaniin kasaaraa ykn miidhaa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Ati yookiin daa'imni kee gargaarsa hatattamaa yoo barbaaddan, gara kutaa balaa (emergency) naannoo kee jiru quunnamaa.

© The Royal Women's Hospital 2025